Oromo | Afaan Oromoo

# Socho'uun salphaa ta'eera

**Qajeelfamni kun adeemsa gara mana haaraa keessanitti jijjiiramuuf kan isin deeggaruu dha.**

Gaaffii kamuu yoo qabaattan email irratti nuuf ergaa

**relocationsteam@homes.vic.gov.au**

ykn bilbila **1800 716 866** ykn waajjira mana jireenyaa naannoo keessaniitti argamu qunnamaa. Miseensonni garee jijjiirraa keenyaa kaneen kuttannoodhaan hojjatan furmaata isiniif laatu.



Interpreter

Dalagaa kana ilaalchisee odeessa yookaan gara afaan keetti kan hiikame barbaaddaa?

Maxxansa kana argachuu yoo barbaaddan, karaa dhaqqabamaa ykn gara afaan keessaniitti hiikkameen iimeelii **enquiries@homes.vic.gov.au** irratti nuuf ergaa.

Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne'n kan hayyamamee fi maxxanfame. © Kutaa Victoria, Homes Victoria (Daarektara Mana Jireenyaa), Adoolessa 2023. Maxxansi isaa Finsbury Green, Melbourne Victoria (HV013623) tiin yoo ta'u; ISBN 978-1-76096-682-9 irratti kan argamudha.

homes victoria

VICTORIA State Government | Families, Fairness and Housing

homes victoria

# Qajeelfama Jijjiirraa Keessan



VICTORIA State Government | Families, Fairness and Housing

# Qajeelfama Jijjiirraa keessan sadarkaa sadarkaan



**Sadarkaa 1ffaa:**
Qabeenya keessan barbaaduu

**1** Gareen Jijjiirraa keenya adeemsa jijjiirraa manaa irratti isin waliin mari'achuuf beellama qabachuuf isiniif bilbila.

**2** Fedhii jijjiirraa keessanii fi iddoo mana jireenyaa isin iyyannoo keessanirratti filattan irratti mari'achuuf, isin qunnamna.
Miseensonni maatii keessanii fi tajaajilli deeggarsaa kamiyyuu, kanneen akka hiiktota afaaniis argamuu ni danda'u.

**3** Waraqaan keessan erga dhiyaatee booda iyyanni keessan kan fuudhamu yoo ta'u, ergasii immoo xalayaan mirkaneessaa isiniif ergama.
Gareen keenya naannoo barbaaddanitti qabeenyota naannicha keessa jiran isiniif barbaada.



**Sadarkaa 2ffaa**
Sochii kee qindeessuu

**4** Qabeenyi mijataan yennaa argamu, mana kana ilaaluu fi murtoo dabarsuuf carraan isiniif kennama.

**5** Qabeenya sana yoo fudhattan, guyyaa jijjiirraa isinii fi maatii keessaniif mijatu isin gaafachuuf kan isin qunnamnu ta'a.
Guyyaan tokkorratti erga waliigaltanii booda gareen keenya miseensota jijjiirraa isiniif ramaduu qabaata (kun kan kaffalu Homes Victoria'dhaafi).

**6** Gareen keenya guyyaa jijjiirraa dura meeshaalee keessan itti kuusuudhaaf meeshaalee kuusaa isiniif erga.
Mee meeshaalee kana booda hin barbaanne mana keessan keessaa baasaa.



**Sadarkaa 3ffaa**
Guyyaa itti galmaa'uu

**7** Guyyaa qophaa'e tokkotti galmaa'uun furtuu mana haaraa keessanii ni argattu.

**Sadarkaa 4ffaa**
Guyyaa itti galamu

**8** Tarreewwan miseesota jijjiirraa qabeenyaa fi meeshaalee manaa keessan gara mana haaraa keessaniitti isiniif geessa.

## Yaadannoo barbaachisaa

Mana duraanii keessan keessa jiraachuu dhaabuu keessan beeksisuun, mallatteessitanii furtuu ni deebiftu. (Kunis kiraa mana lamaa akka hin kaffalle kan isin taasisuudha)

Tajaajila addaan citiinsaa fi deebi'anii wal-qunnamsiisuu argachuuf Nagahee Garee Jijjiirraatti ergaa – kanneen akka tajaajila ibsaa fi bilbilaa.